


Emblem: Oromia Regional State Culture and Tourism Bureau

Ref. No. Dh.A.G 13-1/2599

Date: 13/03/2015

To Authority for Research and Conservation of Cultural Heritage Under  
Ministry of Culture and Tourism  
Addis Ababa



**Subject: Regarding Sending to you a petition by the Oromo people for the inscription of the Gada System on the Representative List of Intangible Cultural Heritage of Humanity**

The people of Oromo have an extensive and very rich culture and tradition which have been accumulated for centuries and have been handed down from generation to generation as a source of pride of the people. The culture of the people is deeply rooted in the Gada system which is a democratic political, economic and social system. The Gada system is a democratic system that has been shaping and guiding the lives, mode of governance, socio-economic conditions, philosophical outlooks, etc., and which has enabled to ensure unity and solidarity of among the people as well as the practice of peaceful conflict resolution strategies.

The Gada system has been governing the direction and day-to-day lives of the people since the time when the people of Oromo were governing themselves independently. Presently too, the Gada system plays considerable role in guiding the political and socio-economic functions of the people. The system is structured in such a way that power is shared among different bodies to ensure check and balance. This confirms that the system is based upon the principles of equality among mankind (respecting the rights of women and children as well as outsiders). During the period when a party stays on power, it is bound by the principle of rule of law. Moreover, transfer of power is made smoothly and peacefully among parties.

The culture of the Oromo people with regard to equality and democracy remains an exemplary one to the remaining world. Thus, we hereby express that the signatures for the petition are attached here in and that Oromo people ardently upholds the inscription of the Gada system on the Representative List

as Intangible Cultural Heritage of Humanity which would demonstrate to the rest of the world that our country Ethiopia is not only the cradle of mankind but also the mother of an age-old democratic system.

With regards,

Signed and sealed

Geetuu Wayyeessaa Tolaa

Head of Oromiya Regional State Culture and Tourism Bureau

**A document in which different community members of the Oromo Nation Willingly called and signed petitions for the inscription of the Gada System as an international intangible heritage on UNESCO's Representative List and confirmed their consent with their signature**

## **Introduction**

The Gada system is a political, economic and social system with a long history with which the people of Oromo have been governing themselves in a democratic way. This comprehensive system reflects the ways of living of the people and it has ensured the values and principles such as equality of mankind. It incorporates the values and principles towards which the whole world has been striving such as: the respecting of the rights of women and children, conservation of environment, peaceful conflict resolution, mutual assistance, and the provision of asylum to seekers .The values and principles which the people of Oromo have been putting into practice have contributed significantly to the efforts of ensuring unity and solidarity of the people. Moreover, the system has played great role in enabling the flourishing of the language and culture of the Oromo people for so long to the present. With the provision of due care to it as a valuable heritage, it would not be over exaggerated to state that the Gada system would serve as an inexhaustible

fountain of knowledge and wisdom to the contemporary generation. The practice and experience of the Oromo people as manifested in the Gada system is surely very beneficial to the future generation. In particular, we firmly believe that the democratic practices of the Oromo people as manifested in the Gada system would provide an exemplary system of social functioning to the world; and, it is with this conviction that we are bringing forward our request for the registration of the Gada system as an intangible world heritage.

### **What is *Gada*?**

Gada is a political, economic and social system which the Oromo people have been following in governing themselves. The Gada system is a democratic system of governance in which the community as a whole has the opportunities to participate on equal basis. The Gada system of the Oromo people is a system of governance in which people are grouped and organized into five Gada grades or strata and govern themselves in rounds. Gada is a system in which the groups of Oromo people who are organized or structured into five grades or strata assume power in rounds which last for eight years each.

Among the Borana, Gada is graded into Mogiissa, Sabaka, Darara, Fullasa, and Makula. On the other hand, among the Karayu Oromo, the strata are referred to as: Robale, Melba, Birmaji, Michille, and Halchisa. Among the Macha and Tulama, these strata are known as: Horata, Michille, Dulo, Robale and Birmaji.

The children of adults who are on political power form a cohort which is the first grade or stratum. In the process, they gradually grow stronger physically and become more self-reliant. Members of the fourth stratum are recruited and supported to acquire leadership knowledge and skills. To this end, mentors are appointed to assist these recruits. Members of the earlier Gada grade who were on power now assume the roles of advising those who are on power.

# **What is the significance of the Gada System to the Oromo People?**

## **I. Political**

### **1. Democratic System**

Political power in the Gada system is not monopolized by a certain body politic. Rather, all members of the communities participate according to their strata and in rounds. Those who assume political power are elected by the people in a free and fair manner. The Gada that has been in power for the period of 8 years is bound to transfer power to the succeeding strata or Gada in a peaceful way when the round of 8 years completes. Moreover, in Gada system, the administrative statutes are thoroughly reviewed and amended or changed through extensive discussions so as to accommodate the changing contexts. To understand these legal and administrative statutes, members of the Gada come together from wider areas and return after getting all the information they require and which they found convincing. In the process of issuing the statutes, all groups of the community from children of seven years old all the way to the seventy years old ones participate. All these are indicators of the democratic nature of the Gada system.

The fact that the Gada system is a democratic system has helped the Oromo people to live free of oppression, to strengthen the social bond which is established on mutual respect and compassion.

### **2. Respecting Human Rights**

The Gada system is a system in which human rights are duly respected. When children are born, it is called *Birmadu*, which is to mean that they are set free through birth. According to the Gada system, *Birmaduma* (freedom) is a natural right in which every person has the inviolable and inalienable right to life and liberty. This nature of the Gada system has enabled the Oromo people

to treat each other equally. An Oromo who intends to leave his clan to settle among other clans, he has to request for permission and the host clan adopts the newcomer as one of the members of the clan.

When a person seeks an asylum among the Oromo people, a ceremony is organized to adopt the person as one of them and, henceforth, such person would have equal rights and obligations among the Oromo community he lives with.

According to the tradition in the Gada system, all human beings have to be treated equally and this characteristic of the system has enabled the Oromo people to fight against oppression and discrimination in any form. In the Gada system, the fact that human rights are strictly respected has contributed to the prevalence of an outlook of freedom and liberty among the people, to believe in the equality of mankind, and to live harmoniously and peacefully with other ethnic groups.

### **3. Respecting Women's Rights**

The Gada system is a system in which the rights of women are respected. The instrument through which women's rights are duly respected is known as *Siinqee* – which is a procedure in which women organize themselves in group to stand up for their rights. In this procedure, women carry a thin stick known as *Siinqee* which is given to every girl by her mother on her wedding day. With this gift, the bride is reminded of her power to demand her rights are respected in her future life.

Whenever a woman's right is violated, be it by her own husband or by another person, the women around make a sound (*illillii*) to signify to each other. Upon hearing the sound, women respond by moving to the place leaving everything behind, carrying their *Siinqee* stick. Here, it is the obligation of every woman to respond to the call. At this time, it is the obligation of the husbands to look

after the homes which women have left behind. This shows the strong determination for the respecting of the rights of women. Then, the women go to the Gada Council singing a song in which they announce out the specific act in which their right is violated. At the Council, they are welcomed respectfully and invited to speak out the wrongdoing. Afterwards, the person who is accused of the wrong doing is brought to justice and the appropriate punishment would be sanctioned against the convicted.

A man who happens to come across to the women while they are marching towards the Council, has the obligation to step off his horse so as to show his respect for the women. After greeting them, he would have to ask for their permission to pass them and resume his journey. If the person crosses their way without giving them regards, he would be accused of acting contrary to the tradition and punished accordingly. Likewise, a man who meets on his way a woman who is travelling carrying her stick, is required to greet her properly before passing her. A woman who has gone out for help of other carrying her *Siiqgee* stick certainly gets the support she seeks. For instance, a woman who is needy and does not have anything to sustain her family would carry her stick and go to those who have ample and able to assist her. Accordingly, the families who are asked to provide assistance would do so as much as they are able to do.

The due respect of women's rights in the Gada system has enabled women to play considerable role among their communities.

## **II. Economic Aspects**

### **1. The role of women in economic sector**

In Gada system, family asset is controlled by women. Men have the responsibility of cultivating and harvesting as well as keeping the cattle; and, it is the responsibility of women to manage what is harvested and to allocate the

proportion to be used for household consumption, to be sold in the market to earn cash, to purchase other goods and services needed by the family. Any man who may challenge this mandate of women is despised by his community and he is labeled a name *qorqora* (greedy).

## **2. Cooperation**

Work is valued in the Gada system. Any member of the community who is hard worker is respected and appreciated. Every member of the community is required to work on all week days except on Sundays on which many people would like to rest, though there is no prohibition not to work even on Sundays. In the Gada system, working cooperatively is encouraged and there is a tradition of working together such as *Dabo* in which a person makes request to as many people as he wants to execute an activity which he cannot do by himself. There are also similar practices of working in groups such as *Dado* and *Wanfalis* which are different from *dabo* only in terms of the scale of the work to be executed and the number of people required to perform the work.

## **3. Transfer of Wealth**

In Gada system, the tradition of offering gifts is one of the mechanisms to transfer wealth to the poor and the new generation. Mainly, gifts are offered in two occasions: firstly, male children who are born to the community get gifts when they are officially given names by undergoing the ritual of shaving their heads for the first time since their birth.

The families of these children offer their children gifts such as one or more heifer. The heifers given as gifts would reproduce and multiply until the child grows and reaches the age of establishing his own family. Girls get such offers on the day of their wedding. Thence, a husband and wife begin their life as a family owning the cattle they acquired as gifts.

## **4. Wealth Sharing**

In the Gada system, a person who manages to own a thousand cattle prepares feast to his community members and performs the ritual of wearing a stomach of an ox which signifies he is very rich. After this ritual, he selects a couple of heifers and releases them so that those who are poor take them for themselves.

Therefore, the Gada system has always encouraged sharing of wealth so as to ensure the wellbeing of the needy section of the community.

## **5. The tradition of helping one another**

Any Oromo clan that is governed by the Gada system has the commendable tradition or practice of helping the needy among them. If a person loses his asset due to any reason, each member of the clan would contribute whatever he can to help the person rehabilitate himself. Therefore, this practice of stretching helping hands to the needy is one more reason for Gada system to be considered as an exemplary social system.

### **III. Social Aspects**

#### **1. Increasing the role women play in the community**

##### **1.1 Ending of Hostilities**

In Gada system, another power women have is ending any act of hostilities and war whether it is taking place between different clans or with other ethnic groups. Whenever there is war going on and women arrive at the place carrying their *Siiqgee* stick and go between the parties at war, both parties promptly give up the fight.

##### **1.2 Prayer to ‘Waaqaa’**

The other social role of women is making prayers to *Waaqaa* on behalf of the whole nation. Moreover, where people gather for prayers, it is the women

among the community who go in the front only seconded by little children. In particular, when there is a problem facing the community such as drought,

epidemic outbreak, etc., they go to a river or lake in the nearby carrying green grasses to perform the ritual of prayers so that *Waaqaa* intervene and solve their problem. This role of women is due to the belief that women have the power to mediate between *Waaqaa* and the whole community.

### **1.3      Cleansing of Sin**

When the revered customs of the Gada system are breached by people who do immoral things, they investigate into the matter and cleanse the perpetrators so that they rejoin the community with proper ethics and conscience.

### **1.4      Adoption**

For those who are not able to bear children, there is a solution in the Gada system. This solution is the practice of adoption in which families who are not able to bear children can take children from families who have plenty of children (except their first-borns). This would spare these families from the grief of not having children and enable them to bring up children so that they would support them during their old age days. The adoption parents bring up their adopted children as their own and bequeath to them everything they possess on their death. Adoption is a social mechanism which enables to solve social problems and, in Ethiopia, it is widely known.

## **2. Environmental Conservation**

According to Oromo culture, the people have reverence for the natural environment they live in. Big trees are considered as graceful shelters and meeting venues. The high reverence for *Oda* tree emanates from this tradition. It is a taboo among the community to cut down trees. According to

the Gada system, the youth are not allowed to cut trees. In general, community has the tradition of cutting only trees that have completed their growth or those which are already dry to use them for different purposes such as construction activities. As there is a widespread understanding of the close interrelation between forest and availability of sources of water, the community conserves forest areas at large.

### **3. The Irreechaa Ceremony**

In the Gada system, social fabric is maintained among the members of the communities and the ceremony of *Irrechaa* is celebrated annually as thanks giving to *Waqa* for helping the people through the rainy and muddy season of summer to a bright season. Though *Irrechaa* is celebrated in different localities throughout Oromiya, the town which is considered as the most favored center for the celebration is Bishoftu town, at *Hora Arsadi*. The other significance of *Irrechaa* is the creation of an opportunity for the Oromo people to meet at this place and manifest their culture, greet one another and share the sense of belongingness at large. During the ceremony of *Irrechaa*, a song that is sung to thank *Waqa* is known as *Marewoo* which goes:

“*Hooyaa mare woo, mare woo, mare woo,*

*Alaa manaaf nuutolii yaaaayyolee woo*” and in this, the coming of the New Year and the wish for the new year are expressed.

### **6. Arbitration**

The Gada system has enabled to maintain social relations in which hatred and envy is not nurtured. Those who quarrel with each other have to make peace and a party that has caused loss or damage to the other would compensate.

Mostly, arbitrators are selected from among the senior members of the community. There is such arbitration system structured at different levels. The supreme body of mediation or arbitration is the *Gumi* or *Coffee*. The tradition of arbitration among the Oromo people is based on truth.

It is by investigating into the truth and by making the right decision on the matter that the arbitration comes in. This has a significant role in promoting a healthy relationship among the community.

### **The Significance of the Inscription of Gada System by UNESCO**

- The Gada System functions towards the strengthening of social relations; thus, it enables to ensure peace and stability among the communities and promotes harmony and mutual respect and also peaceful conflict resolution and promotes respect for cultural diversity.
- The exemplary role of Oromo people in peaceful transfer of political power every eight years through democratic system of governance is significantly important.
- It enables to acknowledge the indigenous democratic political system of the Oromo Nation at an international arena which assists efforts made to safeguard and transmit the system to future generations.
- It enables to change or reverse the wrong perception towards the Gada System and confirms that the Gada System is compatible with existing international human rights, protect the rights of women and children and promote mutual respect among communities.
- It promotes the Gada System and Oromo culture at international level and this attracts tourists from all over the world and enhances inter-cultural dialogue.

- It opens the opportunities in which the modern governance systems at national and regional levels can implement the traditional knowledge into the modern systems of governance.

Therefore, we faithfully request the inscription and recognition of the Gada System on the UNESCO Representative List of Intangible Cultural Heritage of Humanity. We express our appreciation to all efforts being undertaken in this regard.



Lakk. D.h.A-G-13-2/2599  
PT/Ref.No.

Guy. 04/07/07  
♀/Date

## **Ministeera Aadaa fi Turiizimiitti**

## **Abbaa Taaytaa Qorannoo fi Eegumsa Hambaatiif**

Finfinnee

**Dhimmi isaa: Sirni Gadaa Hambaa Addunyaa ta'ee akka Galmaa'uuf Gaaffii**

## **Ummata Oromoo irraa Dhiyaate Erguu Ilaala,**

Uummanni Oromoo aadaa bal'aa fi gabbataa kan bara dheeraaf kuufame kan qabuu fi aadaa kana tiksee dhaloota irraa dhalootatti dabarsuudhaan kan har'aan ga'ate uummata aadaa fi duudhaasaatiin boonuu **dha**.

Aadaan uummata kanaa sirna siyaasaa diinagdee fi hawaasummaa kan ta'e Gadaa irratti kan hundaayee dha. Gadaan jiruu fi jirenya hawaasaa, bulchiinsaa fi **diinagdee**, falaasamaa fi ilaalcha uummata Oromoo kan qare, uummaticha qaamaa fi hubannoон tokkoomsee, wal diddaa fi fincila malee kan bulche sirna dimokraatawaa dha.

Sirni Gadaa bara sabni Oromoo ofin of bulchu guutummaati kallattii fi bulmaata uummataa kan oogganu dha. Sirni kun bara kanas aangoo siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa keessatti gayeen inni qabu ol aanaa dha.

Sirni kun caaseffamni isaa, aangoon qaama adda addaatiif kan qoodamee fi karaa wal to'annaa/check and balance/ kan qabu ta'uun isaa walqixxummaa dhala namaa kan mirkaneessu/mirgi daa'immanii, kan dubartootaa fi kooluu galtootaa kan kabajame ta'uun/aangoon biyya bulchuu bilisa ta'ee kan uummataan kennamuu fi yeroo paartiin tokko aangorra turu seeraan daanga'aa ta'uuni fi karaa nagaatiin darbuun dimokraatawaa ta'uusaa mirkaneessa.

Aadaa fi muuxannoон uummanni Oromoo walqixxummaa fi aadaa dimokraasii irratti qabu, fakkeenyummaa kan qabuu fi biyyi keenya Itoophiyaan haadha aadaa dimokraasii ganamaa akka taate addunyaan akka hubatu taasisuuf sirni Gadaa hambaa addunyaa ta'uun akka galmaa'u gaaffiin gama uummataatiin dhiyaate fi galmaa'uu isaa kan deeggaru ta'uusaa mallattoosaatiin ragaan ittiin ergate walqabsiisneeg ~~erguu~~ keenya ni beeksisna.



 011-5541702  
011- 5541713  
Fax: 011- 5549464

Deebiin Yerubuuji barreefamu lakkoofsii xalayaan keenyaa haa ibsamu.  
وَهُوَ يَرْبُّ بَعْضَ الْمُجْرِمِينَ وَلَا يَنْهَاكُ عَنْ أَنْ يَعْلَمَ مَا يَفْعَلُونَ

Email-[oromiaactb@yahoo.com](mailto:oromiaactb@yahoo.com)

Miseensa saba Oromoo kan ta'aan qaamooleen adda addaa kaka'umsa mataasaanitiin Sirni Gadaa gal mee bakka *bu'ummaa* Yuuneskoo irratti hambaa addunyaa ta'ee akka isaaniif galmaa'u, waliigaluusaanii raga barreeffamaa ittiin ibsanii fi ragaa kana mallatteessuusaanii raga ittiin mirkaneeffatan

### Seensa

Sirni Gadaa seenaa bara dheeraa kan qabu sirna siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa uummanni Oromoo haala diimokraatawaa ta'een kan ittiin wal bulchaa ture. Sirni kun akkaataa fi tooftaa jiruu fi jirenya uummatichaa kan calaqqisuu fi walqixxummaa ilmoo namaa kan mirkaneessu. Soona hawaasummaa addunyaan irra ga'uuf tattaafatu kan akka kabajamuu mirga dubartootaa, kabajamuu mirga daa'immanii, kunuunsa naannoo, walitti bu'iinsa haala nagaaqabeessa ta'een furuu/araara buusuu/, walgargaaruu, kooluu galchuu fi kkf. kan harkaa qabu.

Soonni uummanni Oromoo akka aadaatti qabu sabni kun tokkummaasaa eegee bal'atee aadaa fi afaan isaa dagaagsee akka har'a ga'u shoora guddaa taphateera. Sirni Gadaa eegumsa argatee yoo kunuunfame dhaloota ammaatii kan muuxannoo ta'u burqaa beekkumaa hin guune yoo jedhame dhaadhessuu hin ta'u. Muuxanno jirenya Oromoo Sirna Gadaatiin ibsamu dhaloota dhufuufis kan fayidaa qabu ta'uunsaan kan haalamuu miti. Keessattuu muuxanno aadaa diimokrasii Oromoo, Sirna Gadaatiin ibsamu addunyaadhafuu fakkeenyummaa kan qabu ta'uusaa waan itti amannuuf gaaffii Sirni Gadaa akka hambaa addunyaatti nuuf haa galmaa'u jedhu kana dhiyeessuu dandeenyne.



## Gadaan maali?

Gadaan sirna siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa uummanni Oromoo ittiin wal bulchaa ture. Sirni Gadaa sirna ittiin bulmaataa dimokraatawaa hawaasni marti haala walqixxummaa qabuun kan keessatti qooda fudhatu. Sirni Gadaa uummata Oromoo gosaan yookaa gitaa otoo gargar hin baasiin Gadaa shanitti gurmeessee akka dabaree wal bulchu kan taasise. Gadaan uummanni Oromoo Gadaa shanan kana jalatti gurmaayee dabaree darbuun waggaa saddeet saddeetiif kan itti wal bulchu.

Gadaan shanan Booranatti Moggisaa, Sabbaaqaa, Daraaraa, Fullaasaa fi Makkuulaa dha. Gosa Oromoo Karrayuu biratti Gadaan Shanan Roobalee, Melbaa, Birmajii, Michillee fi Halchiisa. Gosa Oromoo Maccaa fi Tuulamaa keessatti Shanan Gadaa Horata, Michillee, Duuloo, Roobalee fi Birmajiii dha.

Sirni kun ijoollee miseensa Gadaa aangoorra jiru irraa, waggaa saddeettan Gadaan sun aangoorra turu keessatti dhalatan, miseensa Gadaa sanaa taasisuun aangoo Gadaa marsaa itti aunu isa waggaa afurtama keessa naanna'ee dhufuuf qophii jalqabsiisu. Ijoollee umuriin isaanii hanga waggaa 8tii ta'e eegalee sadarkaa shan keessa dabarsee, tooftaa adda addaa fayyadamuun leenjii barbaachisaa ta'e kenuun beekumaa fi safuu hawaasni kun qabu barsiisee, duudhaasaa erga qaabachiiseen booda miseensa sana keessaa warra ulaagaa armaan gaditti tarreeffame guutan keessaa ilaalanii angoodhaaf kaadhimu. Sadarkaa jahaffaa irratti filannoo bilisa ta'een dandeetti fi beekumsa irratti hundaa'uudhan filatamanii muudamu. Waggaa saddeetiif erga biyya bulchaniin booda sadarkaalee gorsitummaa keessadarbuun hanga dulloomanii jaarsomanitti hojjatu.

Ulaaga Abbaan Gadaa fi Koreen hojji raawwachiistuu ittiin filaman keessaa:

- Namni aangoo Gadaa fudhatu kakuun kakatu waan jiruuf, nama qulqulluu waan yakkaa/cubuu kan hin hojjanne ta'uu qaba.



- Nama Seera Gadaa fi dubbi jaarsummaa beeku, hariroo hawaasa naannoosaa waliin qabuun, amanamummaa fi fudhatama kan qabu.
- Nama beekaa, kan dhugaa hin dabsine fi murtii haqaa kennuu danda'u.
- Nama bultii qabu, maatii isaa haala gaaridhaan bulchu. Kan hojjatee qabeenya itti bulu horate.
- Nama Amala badaa irraa bilisa ta'e, dhugaatii kan hin guddifne, oftuulummaa fi ofittummaarraa bilisa kan ta'e.
- Nama dammaqina qabu, kan ofitti amanu fi ijjannoo cimaa qabu

Sadarkaawan Gadaan tokko keessa hulluuqu, kudhani. Ijoolleen, bara Gadaa abbootasaanii dhalatan wagga 0-8 Dabballeed jedhamu. Kan umurii wagga 9-16 Gaammee xixiqqoo dha. Kan umuriinsaanii wagga 17-24 Gaammee guguddoo jedhamu. Kan umurii wagga 25-32 Foollee/kuusaa dha, wagga 33-40 tti Raaba-Doorii ta'uun sadarkaa shanan keessa hulluuqu. Sadarkaa ja'affaarratti kan wagga 41-48 Gadaa ta'u. Wagga afurtama abbooni isaanii aangoo qabatanitti, gadoomanii wagga saddeetiif biyya bulchu. Bara Gadaasaaniis ijolleensaanii Dabballeed ta'uun marsaa itti aanu jalqabu. Egaa Gadaan shananuu akkanatti dabareedhaan itti darbanii biyya bulchanii dhaloota itti aanutti dabarsu. Miseensonni Gadaa aangorraa yoo bu'an sadarkaa torbaffaatti ce'anii Luba /yuba 1ffaa ta'u, wagga saddeet booda Luba/yuba lammaffaa ta'u, wagga saddeet booda Luba /yuba 4ffaa ta'u sadarkaa lubummaa keessatti gayeen isaanii gorsa kennuun kan dabe qajeelchuu dha. Sadarkaa Lubummaa keessa fullaa'anii Gadaamoojii ta'uun wagga saddeet turanii jaarsa ta'uun soorama ba'u.

## Gadaan Uummata Oromoo maal fayyade?

### I Siyaasa

#### 1.Dimokraatawaa ta'uusaa

Aangoon Gadaa ol aantummaa qaamolee murtaa'aniin kan qabame otoo hin ta'in kan dabaree darbuu fi hawaasa hunda kan hirmaachisu ta'uunsaa, Warri gadoomee biyya bulchu filannoo bilisa ta'een uummataan kan filamu ta'uunsaa, Gadaan tokko wagga 8 aangoorra turee yeroo isaaf murtaaye oggaa xumure, tuuta/garee Gadaa isatti aanutti aangoo karaa nagaatiin kan dabarsu ta'uun isaa, Gadaan tokko marsaa tokko caala filamuun kan hin dandeenye ta'uunsaa, Aangoon siyaasaa karaa nagaatiin garee/tuuta tokkorraa tokkootti kan darbuu ta'uusaa, seerri



Gadaan biyya ittiin bulchu bara Gadaa tokkotti yeroo tokko marii bal'aa taasifamuun ceephoo taasifamuun haala yeroo waliin akka wal simutti kan haaromfamu ta'uunsa, seera kana waraabbachuuf miseensi Gadaa bakka jiran hundaa kan walitti dhufanii itti amananii waraabbananii kan galan ta'uunsa, seera tumamu kana irratti daa'ima waggaa torbaatii qabee hanga jaarsa waggaa torbaatamaa kan irratti hirmaatan ta'uunsa fi kkf Sirna Gadaa dimokraatawaa ta'uusaa raga ba'u.

Sirni Gadaa diimokraatawaa ta'uunsa uummanni Oromoo cunqursaa malee bilisoomee akka jiraatu, hariroo hawaasummaa jabaa kabajaa fi jaalala irratti hundaa'e akka qabaatu fayyadeera.

## **2.Kabaja Mirga Namoomaa**

Sirni Gadaa mirga namoomaa ni kabaja. Daa'imni yoo dhalattu birmaduu dha jedha. Birmaduu jechuun dhalootaan bilisa kan ta'e jechuu dha. Sirni Gadaatiin birmadummaan uumamaan kennname sun hin xuqamu. Kabajni mirga namoomaa kun sabni Oromoo ija wal qixa ta'een akka wal ilaalu fayyadeera. Oromoona gosa tokko keessaa bayee gosa bira keessa dhaqee yoo qubachuu barbaade, seeraan gaafatee, gosti itti dhaqe sun gosa ofitti moggaasanii qubachiisu. Kan Oromoo hin ta'in illee kooluu yoo gaafate, ofitti fuudhanii, moggaasanii Oromummaa gonfaniifii gosa ofii taasisu. Seera Sirna Gadaatiin Ilmoo nama ija wal qixa ta'een ilaalamuun isaa Oromoo ol'aantummaa fi gad aantummaa irraa/cunqursaa irraa akka bilisoomu taasiseera.

Sirna Gadaatiin mirgi namoomaa kan eegame ta'uunsa hawaasni Oromoo ilaalcha bilisa ta'e akka qabaatu, wal qixxummaa ilmoo namaatti akka amanu, mirga walii otoo hin xuqin ulfinaan akka walitti bulu taasiseera.

## **3.Kabaja Mirga Dubartootaa**

Sirni Gadaa seera mirga dubartootaa ittiin eegu qaba. Seerri mirgi dubartootaa ittiin eegamu kun Seera Siinqee jedhama. Seerri siinqee dubartoonni gurumuun uummatanii mirga isaanii kan ittiin tikfatan yommuu ta'u ulee qalaa, sorooroo qabatanii ba'anin moggaafama. Siinqueen dubara heerumtuuf gaafa manaa baatu haadhashiitiin kan kennamu yommuu ta'u, jirenya of duraa ishii eegu keessatti mirgashii akka ittiin kabajsiifattuufi.

Mirgi dubartii abbaa warraishiitiinis ta'e nama biraatiin yoo xuqame, mallattoo sagalee ilili, ilili jedhuun wal waamanii siinquesaanii qabatanii walii birmatanii walii qaqqabu. Dubartiin



mallattoo ilifannaa dhageesse hojii of harkaa qabdu battalatti dhiistee siinqeeshii qabattee birmachuuf dirqama qabdi. Qe'eesaanii adiyyootti dhiisanii yeroo deeman kana kan qe'eesaanii eeguuf dirqama qabu abbaa warraa dha. Kun ejjanno mirgasaanii kabajsiisuuf qaban mul'isa. Dubartoonni siinkee qabatanii dubartii miidhamte sana qaqqabanii, siinkee faarsaa, miidhaasaanii himachaa gara caffee Gadaatti deemu. Caffeen ulfinaan isaan simatee himannaasaanii dhaggeeffatee, nama mirga dubartii sanaa tuqe, seeratti dhiyeessee adaba.

Dubartoota siinqeethaan deemanitti dhiirti karaatti yoo dhufe fardarraa bu'ee, ulfinaan nagaa gaafatee, hayyamasaanitiin darbee deema. Akka dhufetti qaxxaamuree yoo darbe, himatamee adabamuu danda'a.

Dubartii siinkee qabattee kophaa deemtutti dhiirti karaatti dhufe ulfinaan dubbisee bira darba. Dubartiin siinkee qabatte deeggarsa ishiin namarrraa barbaadde hunda ni argatti. Sababa adda addaatiin maatiin ishii rakkina keessa yoo galee waan fuutu dhabde dubartiin siinkee qabattee warra qabeenya qabu dhaqxee rakkoo na baasaa yoo jette, hin dhabdu.

Sirni Gadaa mirga dubartootaa kan kabaju ta'uunsaan dubartoonni hawaasa keessatti gayee murteessaa ta'e akka qabaatan godheera.

## II Diinagdee

### 1. Gayee Dubartiin diinagdee keessatti qabdu

Sirni Gadaa keessa gayeen qabeenya bulchuu kan dubartii ti. Dhiirti qotee galchuu, horsiisee tiksuu malee, qabeenya sana kan soorata maatiif ooluu, kan gurguramee soogiddaa fi bunaan bitatan kan murteessu ishii dha. Nama rakkatellee gargaaruu yoo barbaade haadha warraadhaan mari'ata malee akka barbaade gochuu hin danda'u. Dhiirti to'achuu fi itti fayyadamuu irratti gayee dubartoonni qabanitti amanee hin fudhanne fi to'annaajabeessu qorqoraa jedhama.

### 2. Hojii gamtaa

Sirna Gadaa keessatti hojiin kabaja guddaa qaba. Namni hojii hojjatus hawaasa keessatti ulfinaa fi jajuu qaba. Guyyaa Dilbatarraan kan hafe gaafsti hundi hojii dha. Isumayyu boqannaa ofiitii malee seerri hojii dhoowwu hin jiru. Aadaan hojii uummanni Sirna Gadaatiin bulu qabu, hojii gamtaa ti. Hojiin gamtaa Gadaan jajjabeessee asiin gaye, Daboo/namni hojii bal'aa qabu, kan



qophattii hojjatee hin dandeenye, waan nyaachaa fi dhugaatii qopheessee, namoota beeku hanga barbaade itti waamee kan hojjachiifatu fi innis gaafa warri isaaf hojjatan isa waammataan dhaqee kan harka itti deebisu. Aadaan hojji kana fakkaatan kan akka daadoo fi wanfalaas jiru garaagarummaan isaan daboo waliin qaban bal'inni hojji fi baay'inni namaa xiqlaachuuusaati.

### **3.Qabeenya Horachuu**

Argaa walii kennuun Seera Gadaa keessatti tooftaa qabeenya ittiin horatanii fi dhalootatti dabarsanii dha. Argaan akkaataa lamaan kennama. Dhiirti dhalatee gaafa guduruu ittiin dhalate irraa buusanii maqaa moggaasaniiif argaa kennuuf. Argaanisa raada/goromsa tokko, yookaan sana caalas ta'u mala, warrisaa akka qabeenya qabanitti kennuuf. Raadni/goromsi sun hanga mucaan guddatee fuudha ga'utti ni horaaf. Gaafa fuudhu horiisaa sana fudhatee mana ba'a. Dubri immoo argaan ishii gaafa heerumtu. Warri dhaqxu argaadhaan simatu. Namni fira gurbaa fuudhee ta'e hundi argaa kennu malee ishii hin argu. Warri gurbichaas sa'a tokko handhuuraashii kan ta'e kennuuf. Warri ishiis yoo qabaatan raada/goromsa inuma kennu. Argaa gurbichi daa'imummaan argaterraah horii horate fi argaa haati warraasaa argatte walitti qabanii jireenyasaanii jalqabatu. Akkanatti qabeenya walii horu.

### **4.Qabeenya walii qooduu**

Sirna Gadaa keessatti namni horii horee sooromee, horiin/loon inni horsiifate kuma yoo guute, hajaa qopheessee biyya waamee korma qalee garaacha uffata. Seera kana raawatee ka'ee raada tokkoos lamas hamma inni barbaade loonsaa keessaa fo'ee gadi dhiisa. Raaddeen sana nama rakkataa harka qal'aatu fudhata. Inni qabu isa hin qabneef akka qodu sirni Gadaa gargaarera. Warri kana qaqqabe warra kuma gate jedhamu ulfina qabu.

### **5.Wal gargaarsa**

Hawaasni Sirna Gadaatiin bulu aadaa wal gargaarsaa boonsaa qaba. Namni tokko sababa ta'een qabeenyi harkaa barbadaayee yoo hiyyoome, lammisaan keessaa bayee iriguu hin deemu. Namaa gadi ta'ee hamileensaa xuqamu. Lammuin isaa hirphee/ haala buusiitiin kan qabu midhaan qiceec kennaaf, kan horii/loon qabu raada/goromsa kennaaf, kaan jibicha, kaan hoolaa, re'ee, kaan maallaqa kenneefii hirphee deebisee dhaaba. Sirni Gadaa aadaa walgargaarsaa fakkeenyummaa qabus ni qaba.



### **III Hawaasummaa**

#### **1. Hawaasa keessatti gayeen dubartoonni qaban guddisuu**

##### **1.1 Lola dhaabuu**

Sirna Gadaa keessatti aangoon dubartoonni qaban inni kaan lola dhaabuu dha. Lolli gosa keessattis ta'e gosa garaa garaa gidduutti yoo ka'e kan miidhaan qaqqabu hanga dubartoonni siinkee qabatanii iddo sana qaqqabanitti qofa. Dubartoonni siinkee qabatanii iddo sana akka ga'aniin walakkaa seenuudhaan aangoo seera siinqeetiin kennameef fayyadamuun lola sana battalatti dhaabu.

##### **1.2 Waaqa kadhachuu**

Gayeen dubartoonni qaban kaan biyyaaf Waaqa kadhachuu dha. Hawaasni Waaqa kadhannaadhaa bakka walga'u maratti dubartoonni dura deemu, kan isaan fundura deemu daa'imman xixiqqoo qofa. Keessattuu yeroo rakkinni dhalate fkn ongeen yoo uumame, dhibeen daddarbaan yoo biyya dhufe fi rakkoo biraallee yoo qaqqabe rakkina akkanaa furuuf, malkaa bu'anii irreeffatanii Waaqa kadhatu. Dubartoonni dandeettii Waaqa araarfannaa akka qaban amanamaa dha.

##### **1.3 Cubbuu baasuu**

Seerri hawaasummaa duudhaan kabajamaa Oromoona qabu namoota seeraan ala deemaniin yoo cabe, qoratanii seera cubbuun ittiin ba'uun cubbuu irraa baasanii akka sirratu godhu. Fakkeenyaaaf dhiiraa fi dubartii firummaa fuudha dhoowwu walirraa qaban gidduutti quunnamtiin saalaa yoo uumame warri waan akkanaa raaw'atan akka qaana'anii fi akka dogooggorasaanii irraa baratanitti bakka uummanni wal ga'etti kan raaw'atama.

##### **1.4 Guddifachaa**

Sababa adda addaatiin warri dhala dhabuufis Sirni Gadaa mala qaba. Malli kun namoonni dhala dhaban, akka hamileen hin xuqamne, namni isaan xooru akka hin dhabamnee fi dhaaltuu akka hin dhabne, seera guddifachaa tumee warra ijoolle hedduu horate irraa ilmoo angafaa kan hin



ta'in keessaa filatanii warra dhale kadhatanii guddifatu. Seerri kun warra dhale ormoomsee warra guddifatu ilmoo taasisaaf. Isaanis daa'ima guddifatan sana akka ilmoo angafaatti ilaalanii guddisanii dhaaltuu taasifatu. Guddifachaan seera rakkoo hawaasummaa furu yommuu ta'u, seera hariiroo hawaasaa Itoophiyaa irrattis maqaa kanaan galmaayeera.

## 2. Kunuunsa naannoo

Akka aadaa Oromootti uumamni naannoo jiru ulfinaa fi kabaja guddaa qaba. Mukeen guguddoo naannoo jiran akka gaaddisa, akka waltajiitti lakkaa'amu. Ulfinni Odaan argatees kan kanaan wal qabatu. Mukeen akkanaa muruu ni oodatu, ni safeeffatu. Seerri Gadaa ol adeemaan muka hin muru jedha. Namni umurii dargaggummaa keessa jiruuf muka dhaabuu malee muruun hin heyyamamu. Muka jiidhaa hin muran mukti dhimma adda addaaf fkn. Ijaarsa manaaf muramuu malu muka guddina fixate dulloomee, kan hin lanne goguu kajeele dha. Isumaa manguddoon keessaa ilaalanii filanii itti aggaamaniiit dargaggootti kennu. Mana keessatti nyaata bilcheeffachuudhaaf kan fayyadaman urraa goggogaa bosona keessa deemanii guurratanii fi kaboota dhoqqee looniirraa xaxxfanii qoorsan.

Maddi bishaanii/burqaan kunuunsa bosonaan kan wal qabate ta'uusaa hubannoон waan jiruuf kunuunsa addaatu taasifama. Burqaa qofa odoohin taane gabbina lafaatifis eegumsi ni godhama.

Diinagdeen, qooddiinsa lafaa walabaa fi loogii malee mirga bilisummaa dhalootaan argamuun qoodama. Qubannaan gosaan waan ta'eef, miseensi gosa sanaa hundi qixxee kan itti hirmaatu. Margi/citaan horsiisa looniif, itti fayyadaman illee haala dhalootaa fi qubsumaan tajaajila. Tooftaa lafa ittiin kunkunsan keessaa, lafa qonnaa fi foona loonii bara baraan iddoosaa gegeeddaranii qotuun gabbina biyyoo dabaluuf tooftaan itti fayyadaman eeruun ni danda'ama.

## 3.Irreechaa

Sirni Gadaa sirna hariiroo hawaasa giddunjiru cimsuu fi tokkummaa uummataa mirkaneessu. Irreechi ayyaanni wagaa waggaatti barii birraa sababeeffachuun Waaqa bacaqii gannaan uummatasaa oofkalchee booqaa birraa qaqqabiisiif kan galanni ittiin dhiyeeffamu. Irreechi bakka adda addaatti kan kabajamu ta'us sirna ho'aa fi hirmaanna bal'aan kan kabajamu kan magaalaa Bishoofstu Hora Arsadii irratti kabajamu. Irreechi faayidaan inni qabu kan biro, uummataa Oromoo bakka tokkootti walitti qabuun akka aadaasaa mul'isu, akka wal gaafatu fi



waliif yaadu taasisuusaati. Ayyaana kana irratti, galanni fi abdiin Waaqaa kan ittiin ibsamu keessaa faaruun mareewoo jechuun faarfamu isa tokko.

“Hoo yaa mare woo, mare woo, mare woo

Alaa manaaf nuutolii yaa aayyoolee woo.” Hiikaansaa sararri duraa nagaadhaan waggaan mare dhufuusaa kan agarsiisu yommuu ta’u, sararri lammaffaa immoo hawwii fi amantaaWaaqarraa qaban mul’isa.

#### 4.Araara

Sirna Gadaatiin hariitoon hawaasaa kan jibbaa fi gomeen keessatti hin dagaagne sirricha. Gadaan kan walbole ni araarsa. Miidhaan qaqqabe kiisii namaa baasisa. Qabeenyi bade gatii baasisa, yoo lubbuun darbe immoo gumaa baasisuun araara buusa.

Hojiin jaarsummaa irra caala namoota yaada galfatanii qancaraniin hojjatama. Caasaan isaa sadarkaa sadarkaadhaan jira. Sadarkaan jaarsummaa inni ol'aanaa caffee dha. Aadaan araaraa/jaarsummaa Oromoone qabu dhugaarratti hundaa'a. Dhugaa baasaniit, seera Gadaan tumateen murtee kenuu. Kun fayidaa Gadaan haala jirenyaa hawaasummaa mijeessuu keessatti qabu.

#### **Sirni Gadaa galmee bakka bu'ummaa Yuuneskoo irratti galmaa'uun isaa maal fayyada?**

- Gadaan hariiroon hawaasaa akka qajeelu kan hojjatu waan ta'eef jiruu fi jirenyi hawaasaa nagaa fi qabbana kan qabu akka ta'u waan hojjatuuf walitti bu'iinsa fageessee waliigaltec fi jaalala kan jajjabeessu waan ta'eef aadaan fayidaa qabeessi akkanaa akka beekamuu fi jajjabeeffamu taasisa.
- Aadaan Oromoo addunyaarratti akka beekamu, seenaa fi duudhaaleen ummatichi qabu sadarkaa addunyaatti beekamee akka dhalootatti darbu haala mijaa'aa uuma.
- Aadaan aangoo siyaasaa karaa nagaatiin, eebban dabarsanii kennuun, Oromoone uummata aadaa dimokraasii qabu, uummata ilaalchaan qarome ta'uusaa wanta ibsuuf uummatoota birootiif fakkeenyummaan isaa guddaa dha.
- Aadaan dimokraasii uummanni kun qabu sadarkaa addunyaatti beekamtii argatee kunuunfamee, tikfamee akka dhalootatti darbu gargaara.




- Ilaalcha dogoggoraa sirna Gadaarra ture mormuun maalummaa Gadaa ifa baasee Oromoont uummata aadaa dimokraasii qabu ta'uusaa ragaadhaan mirkaneessuun dhugaa kana addunyaan akka amanee fudhatu godha.
- Aadaan uummanni Oromoo qabu aaddunyaarratti beeksisee hawwata tuuristii akka ta'u gargaara.
- Bulcchiinsi ammayyaa sadarkaa biyyaattis ta'e sadarkaa naannootti jiru Sirna Gadaarrraa muuxannoo isaan fayyadu bulchiinsa ammayyaa waliin walsimsiisuu akka fayyadaman karaa bana.

Kanafu Sirni Gadaa hambaa addunyaa ta'uudhaan gal mee bakka bu'ummaa Yuuneskoo irratti akka nuuf galmaa'u kabajaan gaafachaa, gama kanaan Abbaan Taaytaa Qorannoo fi Eegumsa Hambaa sochii taasisu hundaaf deeggarsa kan goonu ta'uu keenyaa ibsaa, kakka'umsa taasisuuf duraan dursinee ni galatoomfanna.



## Sirna Gadaa Oromoo gal mee yuuneeskoo irratti galmeessisuu

Sirni Gadaa Oromoo aadaa uummatoota addunyaa bakka bu'ee ambaa addunyaa ta'uun gal mee yuuneeskoo irratti akka galmaa'uu sochii godhamu keessatti gaaffii fi fedhii gama uummataatiin jiru mul'isuuf mallattoo bakka bu'oota hawaasaa dhiyeessuun barbaachisaa dha. Kanaafuu Mootummaan Federaalawaa Itoophiyaa fi Mootummaan Naannoo Oromiyaa waliin qindaa'uun, Sirna Gadaa Yuuneeskoon galmeessisuuf sochii godhamu keessatti bakka bu'oota Oromoo ta'uudhaan fedhii guutuun deeggaruu keessan mallattoo keessaniin akka mirkaneessitan kabajaan isin gaafanna. ( We, Abba Gada, Qallu, Clan Leaders, elders and other Oromo community members hereby confirmed with our Signature our free, prior and informed consent for the inscription of the Gada System: An Indigenous democratic political system of the Oromo Nation in Ethiopia on the Representative List of the Intangible Cultural Heritage of Humanity.)

| Lakko ofsa (No) | Maqaa (Name of applicants) | Saala (Sex) | Umirii (Age) | Gayee Hawaasummaa(Social status)  | Amantaa (Religion) | Aanaa (District) | Mallattoo (signature)   |
|-----------------|----------------------------|-------------|--------------|---|--------------------|------------------|---|
| 1               | Oromo Sabboogow            | M           | 40           | Civil Governor  | Orthodox           | Lafsoo           |    |
| 2               | Dijirraa Tarfaa            | M           | 50           | " "   | Protestant         | Yeka             |    |
| 3               | Tsaggayec Ejletaa          | Ph.         | 56           | " "   | Negeffataa         | Gultalle         |    |
| 4               | Ooniit Taddasuu            | IV          | 36           | " "   | Orthodox           | Sabata           |   |
| 5               | Galataa Gurmeessa          | M           | 40           | " "   | Orthodox           | Bishoftu         |  |
| 6               | Margaa Ollissu             | M           | 28           | " "   | Protestant         | Lafsoo           |  |
| 7               | Yadaraa Cawlnage           | M           | 35           | " "   | " "                | Sabata           |  |
| 8               | Leysessa Taddasse          | M           | 47           | Guljiinaa Mootum naa Naannoo<br>Biroo Aadaa fi Tuurkayom Yekka<br>Oromo National Regional Government<br>Culture and Sports Bureau | Protestant         | Fichfinnee       |  |
| 9               | Geysa Sejene               | M           | 40           |   | " "                | Buraya           |  |
| 10              | Igatu Saalem Afane         | Ab.         | 55           | Guljiinaa Mootum naa Naannoo<br>Biroo Aadaa fi Tuurkayom Yekka<br>Oromo National Regional Government<br>Culture and Sports Bureau | orthodox           | Guleed           |  |



## Sirna Gadaa Oromoo galmeeyuuneskoo irratti galmeessisuu

Sirni Gadaa Oromoo aadaa uummattoota addunyaa bakka bu'ee ambaa addunyaa ta'uun galmeeyuuneskoo irratti akka galmaa'u sochii godhamu keessatti gaaffii fi fedhii gama uummataatiin jiru mul'isuuf mallattoo bakka bu'oota hawaasaa dhiyeessuun barbaachisaa dha. Kanaafuu Mootummaan Federaalawaa Itoophiyaa fi Mootummaan Naannoo Oromiyaa waliin qindaa'uun, Sirna Gadaa Yuuneskoon galmeessisuuf sochii godhamu keessatti bakka bu'oota Oromoo ta'uudhaan fedhii guutuun deeggaruu keessan mallattoo keessaniin akka mirkaneessitan kabajaan isin gaafanna. ( We, Abba Gada, Qallu, Clan Leaders, elders and other Oromo community members hereby confirmed with our Signature our free, prior and informed consent for the inscription of the Gada System: An Indigenous democratic political system of the Oromo Nation in Ethiopia on the Representative List of the Intangible Cultural Heritage of Humanity.)

| Lakko ofsa (No) | Maqaa (Name of applicants) | Saala (Sex) | Umurii (Age) | Gayee Hawaasummaa(Social status) | Amantaa (Religion) | Aanaa (District) | Mallattoo (signature) |
|-----------------|----------------------------|-------------|--------------|----------------------------------|--------------------|------------------|-----------------------|
| 11              | Bayyanaa sanbatu           | Dhi         | 53           | Abbaa Gadaa Oromo waageefaa      | Ada'a              |                  |                       |
| 12              | Caalaa Soorii              | "           | 55           | Bahreessa abbaatii               | "                  | "                | Caalaa                |
| 13              | Uliban Buru                | "           | 30           | AYYUU                            | "                  | Areero           |                       |
| 14              | Kuraa Taeriso              | Dhi         | 25           | Abbaa Gadaa waageefatu           | Areero             |                  |                       |
| 15              | Adii Tadeesa               | "           | 30           | Abba Gada                        | "                  | Areero           |                       |
| 16              | Kumba mache                | "           | 31           | AYYUU                            | "                  | "                |                       |
| 17              | Badhaso jima               | Dhi         | 78           | Walegoba Abti Gada Orthodox      | Dugdha             |                  |                       |
| 18              | Galgaloo Ireibii           | Dhi         | 42           | Walegoba Abti Gada waagefatu     | Goroodola          |                  |                       |
| 19              | Aabi Sheeu obsee           | Dhi         | 37           | Kojee 1/6                        | Waagefalo Hada'a   |                  |                       |
| 20              | Aulixaa SoosSaa Dhi        | Dhi         | 76           | Kemu                             | Waagefalo Hada'a   |                  |                       |



## Sirna Gadaa Oromoo galmeesi yuuneskoo irratti galmeessisuu




Sirni Gadaa Oromoo aadaa uummattoota addunyaa bakka bu'ee ambaa addunyaa ta'uun galmeesi yuuneskoo irratti akka galmaa'u sochii godhamu keessatti gaaffii fi fedhii gama uummataatiin jiru mul'isuuf mallattoo bakka bu'oota hawaasaa dhiyeessuun barbaachisaa dha. Kanaafuu Mootummaan Federaalawaa Itoophiyaa fi Mootummaan Naannoo Oromiyaa waliin qindaa'uun, Sirna Gadaa Yuuneskoon galmeessisuuf sochii godhamu keessatti bakka bu'oota Oromoo ta'uudhaan fedhii guutuun deeggaruu keessan mallattoo keessaniin akka mirkaneessitan kabajaan isin gaafanna. ( We, Abba Gada, Qallu, Clan Leaders, elders and other Oromo community members hereby confirmed with our Signature our free, prior and informed consent for the inscription of the Gada System: An Indigenous democratic political system of the Oromo Nation in Ethiopia on the Representative List of the Intangible Cultural Heritage of Humanity.)

| Lakko ofsa (No) | Maqaa (Name of applicants) | Saala (Sex) | Umurii (Age) | Gayee Hawaasummaa(Social status) | Amantaa (Religion) | Aanaa (District) | Mallattoo (signature) |
|-----------------|----------------------------|-------------|--------------|----------------------------------|--------------------|------------------|-----------------------|
| 21              | Shallamaa Smaaran          | Dh          | 40           | Kamata/BATO                      | protestant         | Finfine          |                       |
| 22              | Ogall-26                   | Dh          | 64           | Misensa Gadaa                    | Waqefata           | Burayu           |                       |
| 23              | Inn-9004                   | Dh          | 46           | Abamuda Gtru                     | Waqafata           | BUSHORFU         |                       |
| 24              | ON-20h                     | Dh          | 36           | Aba Gada                         | Waqafata           | Borona           |                       |
| 25              | TR: 77                     | Dh          | 39           | Aba Gada                         | Waqafata           | Borona           |                       |
| 26              | Abba Gada Qabafos Edan     | Dh          | 52           | Abba Gada                        | Muslima            | SIRAAZOD         |                       |
| 27              | Dochaa JIM                 | Dhi         | 77           | Abba Gada                        | Waqefata           | Ermifire         |                       |
| 28              | Gambela Battisu            | Dhi         | 45           | Abba Gada                        | Waqistaan          | Gusii            |                       |
| 29              | Jiloo Maadhu               | Dhi         | 59           | Abba Gada                        | Waqefata           | Tajii            |                       |
| 30              | Taakala Dhinsan            | Dhi         | 58           | Abba Gada                        | Waqefata           | Shilixan         |                       |



## Sirna Gadaa Oromoo gal mee yuuneeskoo irratti galmeessisuu




